## HIV waliin jiraachuu dandeessu

Tajaajilawwan kan SAYFSM, qajeelfamaa fi abdii akka argattaniif isin gargaaru.

Sagantaawwanii fi tajaajilaawwan kunneen SAYFSM –tti isiniif argamu:

- Afirikaanota HIV waliin jiraataniif gumii deggersaa miiraa fi kan hafuuraa
- Gorsaa fi Qorannoo HIV
- Barnoota ittisa HIV/AIDS
- HIV posatiivii warra ta’aniif kan kennamu gidduu seenuu kan dhibee ittisuu fi barumsa fayyaa
- Aadaa fi afaaniin kan wal qabatan meeshaalee barnootaa
- To’annoo dhimma fayyaa
- Abukaatoo kan yaalii fayyaa
- Gorsa Fayyummaa Sammuu
- Mana jireenyaatiif, miindeffamuudhaaf, deggersa hawaasaatiif, dulaaba soorataatiif, uffannaadhaaf, barnootaaf, seeraaf, meeshaalee mana keessaatiif, akkasumas fedhiiwwan kan biroof kan oolan, maddaa fi refiraala.

## FREE HIV Testing Sites

SAYFSM ---------------------------- 651-644-3983

JustUS Health ----------------------- 612-341-2060

Red Door----------------------------- 612-543-5555

## Qorannoo Fayyaa Taasisaa!

Qorannoon hundinuu fi tajaajilawwan wal fakkaatoo ta’an kaffaltii kan hin qabnee fi waajjira SAYFSM kanatti kan kennamanii dha.

SAYFSM kun karaa miseensa hojjetoota sirriitti leenjifamanii fi waraqaa ragaa qabaniitiin kan geggeeffamu meeshaa qorannoo HIV sadarkaa isaa eeggateen qorannoo dhiigaa taasisa.



Beellama qabachuudhaaf gara SAYFSM –tti bilbiluudhaan miseensa hojjetootaa waliin haasa’aa.

Bahiin qorannoowwanii daqiiqaa 15 keessatti

**Teessoon Keenya:**
SAYFSM
2395 University Avenue, #200,
St. Paul, MN 55114

Lakkoofsa Bilbilaa: (651) 644-3983
E-meeyilii: info@sayfsm.org
Marsariitii: www.sayfsm.org

**KENNAAWWAN ADDAA GAMMACHUUDHAAN KEESSUMMEEFFAMU!**

Eeyyee! SAYFSM kanaaf kennuu nan barbaada:
____$25 ____$10 ____$5 ____kan biraa

Maaloo, kennaa keessan gara kanatti ergaa:

SAYFSM
2395 University Avenue W, #200
St. Paul, MN 55114

Tajaajilawwan akka aadaatti Sirrii ta’an dhiheessuu

sub-Saharan African Youth & Family Services in Minnesota
S A Y F S M

Minnesotaa keessatti sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afiriikaanotaa (SAYFSM), Afiriikaanota Minnesotaa keessa jiraatan hundumaaf, miira aadaa fi afaaniifis mijataa ta’een barnoota HIV/AIDS fi tajaajilawwan hawaasummaa kenna.

# Mbiu

A newsletter of SAYFSM Issue 12/Guraandhala (Feb) 2021 St. Paul, MN

651-644-3983 www.sayfsm.org info@sayfsm.org

# HIV/AIDS AKKAMIIN OF IRRAA ITTISUU AKKA QABNU



Pastor Leakey M Nyaberi

Jireenya dhala namaa balaa irratti kan kuffisu dhiibbaan fayyaa hawaasaa kan cimaa ta'e addunyaa kana quunnamaa akka jiru, oduun isaa erga dhagahamee waggoota 40 ol lakkoofsisee jira. Mootummoonni, hawaasni siivilii ta’anii fi manni amantaa Kiristaanaa hawaasicha akeekkachiisuuf walitti qabamanDhibee HIV fi AIDS akkamiin dandammachuun akka danda'amu ilaalchisee hawaasni walitti qabaman, manneen barnootaa fi manneen sagadaas giddu gala barnootaa ta'an. Addumaan ardii Afriikaa irratti miidhama ulfaataa qaqqabsiisee jira. Namoonni miliyoonaan lakkaawaman dhibee kanaaf yoo saaxilaman, miliyoonaan kan lakkaawaman ammoo du'aniiru.

Dhibee kun sababa hanqina dhiheessii fayyaa murtooftuu fi hanqina faayinaansii irraa kan ka'e Afiriikaan baay'ee miidhamtee turte.

Har'a garuu akkana miti. Gaddaa fi dhiphina dhibeen HIV/AIDS fidee ture, yeroo ammaatti abdii fi fuul-dura ifaa ta'een bakka bu'ee jiraHaalli baay'ee rakkisaan darbeera. Daawwaan HIV argamuun isaa ammoo namoonni dhibee kanaaf saaxilaman jireenya noormaal ta'ee fi jireenya fayyaalessa ta'e akka jiraataniif isaan gargaareera. Tarkaanfiiwwan ittisaa fi dandammannaaf fudhataman hedduunis dhiibbaa dhukkuba kanaa yarsuuf gargaareera. Haata'u iyyuu malee, wallaansoon kun guutummaatti ammallee dhugumaan hin mo'amne. Xiyyeeffannoon keenya itti fufuu qaba.
Manni amantaa Guyyaa-torbaffaa Adventist Minnesotaa keessatti, Sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afiriikaanotaa (SAYFSM) waliin ta'uudhaan hawaasa keenya barsiisuu irratti iddoo guddaa qabatanii jiru. Dhibee kun haala akkamii irratti akka argamuu fi akkamiin namoonni mo'achuu akka danda'an walitti fufiinsaan isaanitti himamuu qaba jenneetu amanna. Bara 2030 tti dhibeen AIDS addunyaa irraa akka dhibasiifamu murteessinee jirra. Isa kanaafis, guutummaa addunyaa irraa guyya guyyaatti kan mudatu infekshinii 6000 ol ta'u hawaasa keenya keessatti akka hin mudanneef itti fufiinsaan sakatta'uu qabna.

Akka Ikonoomii Fayyaa fi Kutaa Qorannoo AIDS (HEARD) Nana Poku Univarsitii Kwazulu Natal kan biyya Afiriikaa Kibbaa keessaatti itti gaafatamummaa fudhachaa jirra. “Daandii tokkichi HIV fi AIDS irratti lola cimaa haaressuudhaan dhiibbaa taasisuun kan danda'amu, afaanii fi barsiifata hawaasa sanaa bifa gargaaruun namoonni naannoo kan isaan geggeessan sagantaalee aadaa murteessoo ta'an fundii taasisuu fi deggersa taasisuudhaan ta'a. Qorannoon akka argisiisutti, gidduu seenuun akkasii kun bu'a qabeessa ta'uu isaanii qofaa osoo hin taanee baasiin inni gaafatus ulfaataa kan hin taanee dha. Kanaafuu, mala gidu seenuu HIV fi AIDS kanaatiif, qooda qaama xiqqaa taasisuu isaan kana bifa dhaabbataa ta'een amaleeffachuu qabna.”

> Nutis, namoonni qorannoo ‘HIV self-test’ (HIVST) akka taasisaniif ni jajjabeessina.
>
> Kunis namni tokko osoo hin galmeessin haala irra jiru beekuuf kan gargaaruu daandii filatamaa dha.

Minneapolis, Minnesota keessatti United Central fi Manneen Sagadaa Mountain Experience SDA waliin ta'uudhaan hawaasa mana amantaatiif barnoota fayyaa kan aadaa fi qooqa bu'uureffate kennaa tureeraManneen amantaa hunda keessatti ji'atti yeroo lama mata dureewwan dhimma HIV fi AIDS waliin wal qabatan irratti dhiheessii ni taasifna. Ammas taanaan qaamaan akkasumas karaa YouTube wal-quunnamaa waan jirruuf avereejiidhaan namoonni 50 ta'an kan argamanii fi torbanitti namoota daawwatan 300 ol irra akka geenyus ni amanna.. Dhimma ka'umsaa, tatamsa'inaa, ittisuufis tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban, akkasumas dhiibbaa sababa HIV fi AIDS kanaaf geggeeffaman ilaalchisee ibsa taasifneerra. Namoonni hiriyaa tokko qofaa waliin quunnamtii raawwachuuf amanamoo ta'uu akka qabanii fi yeroo quunnamtii raawwatanittis mala ittiin of irraa ittisan akka fayyadamaniif jajjabeessaa jirra.

Haala HIV nama tokkoo beekuun barbaachisummaan isaa ciminaan kan ibsame yoo ta'u, dabalataanis amanamummaadhaan daawwaa farra HIV fudhachuun faayidaa inni qabu irra deebiidhaan ibsameera. Nutis, namoonni qorannoo ‘HIV self-test’ (HIVST) akka taasisaniif ni jajjabeessina. Qorannoon ‘self-test’ kun kan namni tokko bifa ariifataa ta'een qorannoo taasisuu fi bahii qorannichaas ofii isaatiin hiiku adeemsa qorannoo humna namaaf laatuu dha. Kunis namni tokko osoo hin galmeessin haala irra jiru beekuuf kan gargaaruu daandii filatamaa dha.

Sagantaan kunis wallaansoo tokko malee kan ta'e miti. walitti qabama makamaa kan ijoollee fi maatiiwwanii fi miseensa maatii abbaa manaa ykn haadha manaa bakka argamanitti waa'ee quunnamtii saalaa, malleen ittisaa kan akka kondomii haasa'uun yeroo tokko tokko nama Dhiphisa. Nuti, loltoonni, inni kun kanaan duratti akka hojjetee fi bu'a qabeessa ta'e akka itti fufe beeknee ti.

Haalota dhibee daddarboo fooyya'uu danda'an keessaa tokko hubannoo HIV/AIDS fooyyessuuf SAYFAM fi shariikonni kan biroon maal gochuu akka qaban isaan gorsina. Fakkeenyaaf, viidiyoo gaggabaaboo akka loqoda naannootti waraabuudhaan miidiyaa hawaasaa irratti, addumaanis 'WhatsApp' fi 'Facebook' irratti qooduu tu danda'ama.. Inni kun ammoo namoota afaan Ingiliziitiin walii galuu hin dandeenye qaqqaba, akkasumas namoonni dhuunfaatti akka dhaggeeffatanii fi akka hojjetaniif isaan gargaara.

SAYFSM gumaacha isaan taasisaniif ni galateeffanna. Yaadawwan kana dhiheessuudhaan hawaasni keenya akkamitti nagaatti jiraachuu akka qabu hubachiisuun shoora guddaa taphata.

*Paastor Leakey M Nyaberi kun Siiniyeer Paasterii kan United Central fi Waldoota Amantaa Mountain Experience SDA ti.*

## Namoota HIV waliin jiraatan osoo hin taanee, HIV haa lollu

Namoonni HIV waliin jiraachuu isaanii beekuu hin barbaadan , sababiin isaas maatii fi hawaasni isaan keessa jiraatan akka isaan hin jibbineef (judge), akkasumas addaan isaan hin baafneef sodaa waan qabaniif. HIV/AIDS kan qaban yoo ta’e illee, namni hundinuu, yeroo hundumaa akka isaan jaallatuu fi akka isaan deggeru beekuu qabu.

Vaayirasiin AIDS fidu tuttuqqaadhaan, gororaan, imimmaaniin, haxxiffannaadhaan, qufaadhaan, ykn tuttuqqaa salphaa ta’e kamiin iyyuu hin faca’u. Vaayirasiin HIV harka caalmaadhaan kan inni daddarbu, karaa dhangala’aa qaama hormaata dhiiraa, dhangala’aa qaama hormaata dhalaa, dhangala’aa munnee, dhiiga, ykn aannan harmaa kan nama vaayirasii HIV posatiiv



# Waa’ee HIV beekuun kan isin irraa eegamu maali?

**“Beekumsi qabeenyarra wayya.”**
***Jechama ‘Cameroonian’***

## HIV/AIDS n MAALII??

- **HIVn vaayirasii AIDS fiduu danda’uu dha. Qaama keenya dhukkubaa fi infekshinii irraa kan eegu, mala ittisaa uumamaa kan ta’e dandeettii ittisa dhukkubaa kan miidhuu dha.**
- **Dhibee kanaan erga qabamtaniin booda, mallattoon dhukkubaa osoo isin irratti hin mul’atin ykn HIVtiin qabamuu keessan osoo hin beekin waggoota dheeraaf jiraachuu keessaniin namoota kan birootti daddabarsuu dandeessu.**
- **HIV kanaan erga qabamtaniin booda dandeettii dhibee of irraa dhorkuu kan qaama keessanii baay’ee miidhuudhaan infeekshiniin kun gara AIDS tti guddata.**
- **AIDS jechuun sadarkaa(Stage) xumuraa kan HIV ti.**
- **AIDS addaan baasee beekuu kan danda’u dokteera qofa.**
- **HIV/AIDS kanaaf talaalliin yks daawwaan tokko illee hin jiru.**
- **Tarkaanfiiwwan fayyummaa hojiirra kan hin oolchine, ykn limmoo waliin kan qooddachuudhaan, ammas HIV gara warra birootti dabarsuu kan dandeessan ta’us; namoonni vaayirasii HIV waliin jiraatan jireenya fayyaalessaa fi umurii dheeraa akka jiraatan gargaaruuf yaaliin fayyummaa ni laatama.**
- **Yaalii fayyummaa kana irraa fayyadamaa ta’uudhaaf, dursitanii bahii qorannoo HIV keessanii beekuun baay’ee barbaachisaa dha. Haala bahii qorannoo HIV keessanii beekuu kan dandeessan qorannoo HIV taasisuu qofaadhaan ta’a.**

**HIVn nama addaan hin baasu!**
**HIVn nama kamiin iyyuu qabuu danda’a!**

## BULCHIINSA KEEZII YAALII FAYYAA- SAYFSM

### Bulchiinsni keezii yaalii fayyaa isiniif maal hojjechuu danda’a?

**Kanneen armaan gadiitiin isiniin wal-agarsiisuu ykn isin gargaaruu danda’a:**

⇒ Gahumsa kunuunsa fi ‘coverage’ fayyaa
⇒ Gorsaa fi Deggersa
⇒ Odeeffannoo waa’ee daawwaa HIV
⇒ Referaalii mana jireenyaa
⇒ Referaali gara tajaajila seeraattii
⇒ Referaalii gara ‘Chemical health’
⇒ Geejiba
⇒ Referaalii gara deggersa faayinaansii
⇒ Gorsa filannoo quunnamtii saalaa fayyaalessa ta’e
⇒ Sagantaalee aadaa irratti murtaa’an
⇒ Deggersa kan biroo

**KAN NUTI GOONU**

- Afiriikaanota hundumaa biyya dhaloota isaanii, aadaa, afaanii fi amantaa isaanii utuu addaan hin baasin tajaajilluu.
- Afirikaanotaaf kan dhalatan maamiloota HIV+ ta’aniif tajaajila tolaa, kan aadaa wajjin wal simataa ta'e dhiheessuu.
- Fedhii namoota dhuunfaa guutuu keenya mirkaneessuuf jecha maamiloota HIV+ ta'an qaama tajaajila barbaachisu gumaachan wajjin wal argisiisuu.
- Addaddummaan aadaa jiraachuu isaa fi akkaata dhiheessii tajaajilaa irrattis dhiibbaa akka qabu beeknee, fedhii addaa kan namoota dhuunfaa kabajuu.
- **Caalmaatti hubachuudhaaf, lakkoofsa armaan gaditti caqafame irratti bilbilaa. Tajaajilli isiniif kennamu ariifataa, hubannaadhaan, kabajaan, akkasumas kaffaltii tokko malee ta'a.**